# Ergaa Phawuloos Gara Worra Filiphisiiyuusii Erge

## Seensa

Phawuloos ergaa tana wolde'a kiristaana Filiphisiiyuusii, ka bulchiinsa worra Rooma'aa, lafa Meqedooniyaa jedhantu keessatti dhaggamuuf barreesse; wolde'i kiristaanaa kun ka Phawuloos lafa Awuropha'aatitti qara dhaabe; ergaan tun yennaa Phawuloos mana hidha'aa jiru barreeffante; tajaajiltoota kiristaanaa dhibii irraa yennaa mormiin isa dhaqqaddee fi wolde'a kiristaanaa ka Filiphisiiyuusii keessatti barumsa dharaa ka'een yennaa gadhaan isaa gaddaan gubate barreesse. Te'uu malee dhugeeffannaan Phawuloos Yesuus Kiristoositti qabu jadduu waan teeteef, ergaa tana keessatti irra caalaa ka mudhatu gammadaa fi ifi-addii guutu'u.

Sababi Phawuloos ergaa tana barreesseef: ka qaraa, yennaa rakkinna isaa, dhugeeffattooti Filiphisiiyuusii isa qarqaariisaaf kennansa waan erganeeranuuf isaan galateeffatiisa; rakkinni adda addaa isaa fi isaan dhaqqabulle, jabeennaa fi ifi-addii akka qabaatanu, tanuma keessa isaan jajjabeessa. Ifi jajiisaa fi waan qabanuun kooriisa lakkisanee, gadhi-laafummaa Yesuus Kiristoosiitiin akka guutamanu jabeessee yaadachiisa; Yesuus Kiristoos woliin Ayyaanaan tokko te'iisaan jiruu dhaggatane kennansa badhaadha Waaqaa irraa ka maddee fi ka

dhugeeffanna'aan fudhatane malee, seera muummessiisaan ka dhaggamee moti jedhiisaan isaan qaabachiisa; worra Yesuus Kiristoos woliin tokkumma'aan jiraatu maraaf nageyaa fi gammada Waaqi kennu, isaaniif barreessa.

Ergaan tun gammada, ifi-addii, tokkummaa, dhugeeffanna'aa fi jajjabeenna jiruu kiristaanaa caalchittee mudhisiisaan beekkanti. Dabalamaan, jaalala guddaa ergamaan Phawuloos wolde'a kiristaana Filiphisiiyuusiitiif qabu mudhisa.

**Haadhoo Dubbi'ii**


Seensa*1:1-11*

Haala Phawuloos keessa ture*1:12-26*

Le'ii Kiristoosiin le'anu*1:27—2:18*

Yaada Ximootewoosii fi Epafrodiitusiif jiru*2:19-30*

Ifi eeggannoo diinotaa fi worra balaa fidu irratti kenname*3:1—4:9*

Galataa fi gorsa Phawuloos dhugeeffattoota Filiphisiiyuusiitiif dhikeesse*4:10-20*

Yaada buufataa*4:21-23*


1 Tajaajiltoota Yesuus Kiristoosii ka teene
Phawuloosii fi Ximootewoos irraa:

Worra qachaa Filiphisiiyuusii keessa le'u, ka karaa Yesuus Kiristoosiitiin balchoome maraaf, akkasuma toowattootaa* fi gargaartuu† wolde'a kiristaanaatiif:

2 Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaan Yesuus
Kiristoos badhaadhaa fi nageya isiniif kennu!

*Galataa Fi Daadimannaa Phawuloosii*

---

**1:1** HuE. 16:12 * **1:1** *Toowattoota:* Sooreyyii † **1:1** *Gargaartuu:* Daaqonoota

3 Ani yennaa isin qaabadhu maraa Waaqa galateeffadha;
4-5 Guyyaa qaraatii jalqaddanee haga ammaa
hujii Oduu Gammadaa keessatti waan hirmaattaneef, yennaa isin maraaf daadimadhu maraa gammadaan daadimadha.
6 Waaqi hujii dansaa isin keessatti jalqabe,
haga guyyaa Yesuus Kiristoos deebi'ee dhufuutitti, akka muummessu ani mama hin qabu.
7 Yennaa ani amma hidhameeruu fi adoo hin
hidhamin Oduu Gammadaatiif falmadhuu fi isii jabeessu, isin martinuu na woliin badhaadha Waaqaa waan qoodantaneef, yennaa mara gadhaa kiyya keessa jirtan. Maarre marroo teessaniif yaadi natti dhage'amiisatti jiru sirri'i.
8 Jaalala Yesuus Kiristoosiitiin attam akka ani
isin maraa dharra'u Waaqi hin beeka.

9 Jaalalli keessan beekkumaa fi hubanti'iin ka
guutame te'ee ittuma akka guddatuuf hin daadimadha.
10 Waan irra caalu qorattanee akka beettanuu
fi yennaa Kiristoos deebi'ee dhufu qulliyye'ee fi komii malee akka dhaggantanuuf ani tana godha.
11 Akka kanaan jiruun teessan midhaan
balchumma'aa, ka Yesuus Kiristoosiin dhaggamuun ta guutante teetee, ka ulfinnaa fi galata Waaqaaf dhaggisiittanu hin teetan.

## *Jiruu Jechuun Kiristoosiin Le'iisa*

12 Obboleeyyan tiyya! Wonni na dhaqqabe
maraa, Oduun Gammadaa akka badhattu akka godhe, akka beettanu barbaada.

13 Akka ani Kiristoosiif jedhee hidhame, eedduu
mana mootumma'aatii fi worra dhibii maraa bi-
ratti beekkameera.
14 Waan ani hidhameef dhugeeffattoota keessaa
hedduun Gootta'atti addataneeran; jecha Waaqaa
sodaa malee lallabiisaafille ka qaraa caalaa
jabeenna dhaggataneeran.

15 Worri gariin hinaaffa'aa fi qoxxe'een
Kiristoos lallaban; worri kuun ammoo fedha
dansa'aan lallaban.
16 Worri jaalala dansa'aan Kiristoos lallabu,
akka ani Oduu Gammadaatiif falmatiisaaf as
keyameeru hin beeka.
17 Worri halchaa fedha ifii hordofiisaan dabaan
Kiristoos lallabu ammoo, hidhamuu kiyya irratti
rakkinna dabaliisaaf yaadatanee lallaban.
18 Womaa moti! Fakkeessiisaanille te'ee,
dhuga'aanille te'u karaa maraan Kiristoos
lallabameera! Ani kanatti hin gammada.
Haganaa achille ittuma hin gammada;
19 sababille daadimannaa keessanii fi
qarqaarsa Ayyaana Yesuus Kiristoosiitiin akka
bilisa bawu hin beeka.

20 Karaa tokkolle'een akka ani hin qaanonne,
halcha'aa fi addiin tiyya san; ammoo akkuma yen-
naa maraa tolchu, amma jiru'uun yookiin du'aan
Kiristoos nafa kiyya irratti akka ulfaatu jabeenna
guutuu hin qabaadha.
21 Maarre jiruu jechuun naaf Kiristoosiin le'iisa,
duutille bu'aa tiyya.
22 Ani yoo fooniin jiraadhe, sun naaf hujii mid-
haan qaddu ittuma hujiisa; ammoo kam akka
filadhu hin beeku.

23 Waan lamaan kanaan rakkadheera: ani le'ii
tana lakkisee, Kiristoos woliin le'uu fedha; kun
waan mara caalaa naaf woyya.
24 Te'uu malee fooniin jiraachuun kiyya isiniif
caalaa barbaachisa'a.
25 Ani kana hubatiisaan, akka isin dhugeef-
fanna'aan guddattanuu fi akka gammaddanu,
isin maraa bira akka turuu fi akka jiraadhu bee-
keera.
26 Ani yennaa deebi'ee gara keessan dhufe,
booniisi isin Kiristoos Yesuusiin qaddanu sababa
kiyyaan hin fakkana.

27 Isinummaan akka Oduun Gammadaa
ta Kiristoosii jettutti jiraadha'a; tana yoo
gootane, ani dhufee yoo isin dhagge yookiin
fagoo jiraadhee waan keessan yoo dhage'e,
dhugeeffannaa Oduu Gammadaatiif akka
nama tokkoo teetanee falmatiisaan ayyaana
tokkochaan jabaattanee akka dhaabbattanu hin
beeka.
28 Waan tokkolle'een mormitoota teessan so-
daattanee hin raafamina'a! Jabeenni kun Waaqa
irraa isiniif kenname; kunille isaaniif beessisa
badi'ii ti; isiniif ammoo beessisa fayyinnaa ti.
29 Carraa Kiristoositti dhugeeffatiisaa callaa
adoo hin te'in, carraan isaaf rakkinna fudhati-
isaalle, isiniif kennameera.
30 Tanaaf akkuma kanaan dura rakkinni na gey-
eeruun dhaggitanee fi akkuma ammalle na geyi-
isatti jiruun dhageettanu, isinille rakkinnuma san
fudhatiisatti jirtan.

**1:30** HuE. 16:19-40

# 2

## *Fakkeenna Te'iisa Ifi Gad Qabuu Kiristoosii*

1 Kiristoosiin jabeenna, jaalala isaatille'een
jajjabeenna*, Ayyaana Woyyicha wolille'een
tokkummaa yoo qabaattane, mararti'ii fi gadhi-
laafummaa woliif yoo mudhittane,
2 yaada tokko te'iisaan, jaalala tokko qabaati-
isaan, ayyaanaa fi kaayo'oon tokko te'iisaan gam-
madi kiyya guutuu akka te'u tolcha'a.
3 Ifi gad qabiisaan worra dhibii ifi caalchisa'aatii
ilaala'a malee, halchaa ifi jaalatiisaatiin, yookiin
ifi saadiisaatiin waan tokkolle hin godhina'a!
4 Nami martinuu bu'aa worra dhibi'iille ilaaluu-
tii malee, bu'aa ifii callaa hin ilaalin!
5 Yaada Kiristoos Yesuus qabaate isinille
qabaadha'a:

6 Inni yennaa maraa adaba waaqumma'aa adoo qabuu,
ulfinna waaqumma'aa, ka Waaqa woliin isa qixxeessu
lakkisiis akka hin malleetitti hin laakkonne.
7 Ammoo ulfinna ifii lakkisee†
akka garbaa te'ee mudhate;
akka namaa te'ee dhalate;
nama fakkaatee mudhate.
8 Ifi gad qabee,
haga du'aatitti,
haga fannifamee du'ulle'etti, ka ajajamu te'e.
9 Tanaaf Waaqi isa guddisee ol aansee,
maqaa maqaa mara caalulle kenneef.

---

* **2:1** *Jajjabeenna:* Tassiifama † **2:7** *Ulfinna ifii lakkisee:* Afaan Giriikiitiin, «duwwaa ifi godhe» jedha

10 Tanaaf worri ol-gubbaa jiru,
worri lafa irra jiruu fi worri lafa jala jirulle martinuu,
ulfinna maqaa Yesuusiitiif hin jilbiiffatan.
11 Arrabi martinuu,
ulfinna Waaqa Abba'aatiif,
Yesuus Kiristoos Goottaa akka te'e,
dhugaa baasee hin dubbata.

### *Biyya Lafaa Keessatti Akka Ifaa Issuu*

12 Tanaaf, obboleeyyan tiyya! Yennaa mara
akkuma ajajantane, yennaa ani isin bira jiru
callaa adoo hin te'in, irra caalaa yennaa ani amma
isin bira hin jirre ajajama'a! Soda'aa fi rommi-
isaan fayyinna keessan muummessiisaaf ittuma
huja'a;
13 sababille yaada isaa muummessiisaaf, fedha
akka qabaattanu ka isin keessatti huju Waaqa.
14 Waan mara gungumiisaa fi moromaa malee
godha'a!
15 Yoo tana gootane, ijoollee Waaqaa ta komii
hin qannee fi qulliyyee teetanee, dhaloota micci-
irama'aa fi hamaa kana keessatti akka urji'ii hin
issitan.
16 Jecha jiru'uu jabeessitanee yoo qabattane,
rukke'ee fi dadhabbiin tiyya gatii malee waan hin
hanneef, guyyaa Kiristoos mura'aaf dhufu waan
ittiin ifi jaju hin qabaadha.
17 Ciinca'aa fi kennaa isin dhugeeffanna'aan
Waaqaaf kennitanu irratti, dhiigi kiyyalle akka
dhibaayyu'uu adoo dhibaafamelle'ee ani hin
gammada, isinille gammada kiyya na woliin hin
qoodantan.

18 Akkasuma isinille gammaddanee, gammada keessan na woliin qoodamuu qaddan.

### *Tajaajila Ximootewoosiitii Fi Ephafrodixosii*

19 Marroo teessan dhage'ee gadhaan kiyya akka gammaduuf, dafee Ximootewoos gara keessan ergiisaaf Goottaa Yesuusitti addii godhadha.
20 Nama nageya keessaniif gadha'aan isiniif yaadatu ani isa malee hin qabu.
21 Worri kuun maraa Yesuus Kiristoosiif adoo hin te'in, bu'aa ifii barbaadatan.
22 Ximootewoos ammoo nama addatam isaa mirkanaaye akka te'e, na wolille'een akka abba'aa fi ilmaa teenee, hujii Oduu Gammadaa hujaa akka turre isinuu hin beettan.
23 Dubbiin tiyya maan akka teetu akkuma beekeen isa gara keessan akka ergu hin addadha.
24 Aninuu gara keessan dafee akka dhufu Gootta'atti addii qaba.

25 Akkasuma, obboleessa kiyya Ephafrodixos, ka cinaa tiyya dhaabbatee loltichaa fi waa'ela hujii tiyyaa te'e, ka waan naaf barbaachiseen akka ana tajaajiluuf isin ergitane, ergamaa keessan san deebisee gara keessan erguun barbaachisaa teetee natti mudhatteerti.
26 Inni isin maraa dhaggiisaaf dharra'eera; akka inni dhukkuffateeru waan dhageettanelle'eef yaadeera.
27 Inni dhugumaan akka malee dhukkuffatee du'a geyeeraayyu. Waaqi ammoo isaaf marareera; isa calla'aaf adoo hin te'in, akka ani gadda irratti gadda hin dabalanneef analle'eef marareera.

28 Tanaaf isin isa deebitanee dhaggitanee akka
gammaddanuu fi gaddi kiyyalle akka goomuuf,
isa gara keessan ergiisaaf guddoo fedheera.
29 Maarre maqaa Gootta'aatiin gammada gu-
utu'uun isa fudhadha'a; nama akka isaa jiru mara
ulfeessa'a.
30 Qarqaarsa isin naaf kennuu hin dande'in
guutiisaaf jedhee, adoo jiruu ifiitiifille hin qorin,
hujii Kiristoosiitiif du'a geyeeraayyu.

# 3

*Balchummaa Dhugittii*

1 Muummee irratti, obboleeyyan tiyya!
Gootta'atti gammada'a; waan kanaan dura isiniif
barreesse irra deebi'ee yoo isiniif barreesse na
hin bagsiisu; kun isinille dokonkora irraa hin
eega.
2 Worra akka sare'ee foon nafa namaa kukkuti-
isaan*, hantuu godhu irraa ifi eeggadha'a!
3 Nuuti worra Ayyaanaan Waaqa waaqonfan-
nuu fi worra Yesuus Kiristoosiin ifi jajnu malee,
worra sirna fooniititti addannu waan hin te'iniif,
dhugumaan haqanqabaa qabanneerra.
4 Adoo waan ifi jajiis barbaachisaa te'e, ani
waan heddu'uun ifi jajiisaaf hin dande'a; nami
sirna fooniitiin ifi jaju yoo jiraate, ani isa caalaa
waan ittiin ifi jaju qaba.
5 Dhaladhee guyyaa saddeetesso'oo
haqanqabaa qabadhe; sanyii Israa'elii, gosa
Beniyaamii keessaa dhaladhe. Abbaan kiyyaa fi
haati tiyya Ibroota waan te'aneef ani Ibraawicha

---

* **3:2** *Foon nafa namaa kukkutiisaan:* Haqanqabaa qabiisaan

makaa hin qanne; karaa seera eegatiisaatille'een,
ani worra Fariisaayotaa keessaa tokko.
6 Seera kanaaf hinaafiisaan wolde'a kiristaanaa
miidhaa ture; balchummaan seera eegatiisaan
waan dhaggantu adoo teetee, ani komii hin qabu-
uyyu.
7 Amma ammoo Kiristoosiif jedhee, waan bu'aa
naaf qabu maraa akka waan bu'aa hin qanneetitti
laakkoweera.
8 Kana calla'aa moti; Goottaa kiyya Yesuus Kiris-
toos beekuun, waan mara waan caaluuf, ani
waan maraa akka waan bu'aa hin qanneetitti hin
laakkowa; Kiristoos bu'aa kiyya godhatiisaaf kun
maraa naaf waan bu'aa hin qanne te'eera; akka
kosi'iille laakkoweera.
9 Akkisiin ani ka Kiristoosii te'ee dhaggame.
Maarre balchummaan tiyya ta seera eeggatiisaan
dhaggante adoo hin te'in, Kiristoositti dhugeef-
fatiisaan ta dhaggante; balchummaan tun Waaqa
irraa dhutti; dhugeeffannaa irralle'etti hundootti.
10 Ani Kiristoosii fi hunna du'aa ka'a isaa
beekuu, rakkinna isaa qoodamu'uu fi du'alle'een
isa fakkaatuu barbaada.
11 Du'aa ka'ee akka jiraadhu hin addadha.

### *Gara Waan Yaadatamee Geyiisaaf Rukkisuu*

12 Kana maraa dhaggadheera yookiin guutad-
heera jechu'uu moti; ammoo Kiristoos ka ifii na
godhatee badhaasa naaf qopheesse san harkatti
galfatiisaaf hin mixiixxadha.
13 Obboleeyyan tiyya! Ani ammalle akka waan
harka keessa galfadheetitti hin laakkowu. Te'uu
malee ani waan tokko hin godha; waan duubatti

**3:5** HuE. 23:6; 26:5; Rom. 11:1

hafe lakkisee, gara waan na dura jiruutitti hiix-
adha.
14 Badhaasa kiyya dhaggatiisaafille gara yaada
na dura jiruu rukkisa; badhaasi kunille jiruu
Waaqi karaa Yesuus Kiristoosiitiin gara ol-
gubba'aa na waamee naaf kennu.
15 Yoona nuuti worri jiruu ayyaanaatiin
bilchaanne maraa yaada tokko qabaatuu qanna;
waan tokko tokko irratti yaada adda addaa yoo
qabaattanelle, Waaqi sanille isiniif hin mudhisa.
16 Te'uu malee waanuma duraan baranne callaa
jabeessinee qabannuu ti.
17 Obboleeyyan tiyya! Fakkeenna kiyya hord-
ofiisatti hirmaadha'a! Worra fakkeenna keenna
hordofulle hubadha'aa ilaala'a!
18 Kanaan dura akkuma yennaa hedduu isinitti
hime, ammalle imimmaaniin isinitti hima; worri
hedduun fannoo Kiristoosiitiif diina te'aneeran.
19 Muummeen isaanii badi'i; gadhaan isaanii
waaqa isaanii ti; salphinni isaaniif ulfinna; waan
lafaa qofa yaadatan.
20 Nuuti ammoo nama biyya ol-gubba'aa ti;
nuuti Goottaa keenna Yesuus Kiristoos, Fayyisaa
achii dhufu dharra'aan eeganna.
21 Inni hunna ittiin waan mara baallii ifii jala
godhuun, nafi keenna salphataan kun, nafa isaa
ka ulfinna qabu san akka fakkaatuuf hin jijjiira.

# 4

### *Gorsa Muumme'ee*

**3:17** 1 Qor. 4:16; 11:1

1 Maarre tanaaf, obboleeyyan tiyya ta ani jaal-
adhuu fi dharra'u, ta gammadaa fi kallacha kiyya
teetane*, Gootta'aan jabaadha'aa dhaabbadha'a.

2 Obboleettoti teenna Ewodiya'aa fi Sinxiikeen
maqaa Gootta'aatiin gadhaa tokko akka te'anu
daadimadha.
3 Atille waa'elli kiyya addatamaan, dubartoota
tana akka qarqaartuuf si kadhadha; dubartooti
tun, Kilemensii fi worra dhibii worra maqaan
isaanii kitaaba jiru'uu keessatti barreeffame,
lansoota tiyya woliin te'anee, Oduu Gammadaa
dhaqqassiisiisaaf na woliin jabaatanee
hujaneeran.

4 Yennaa mara Gootta'aan gammada'a! Ittuma
deebi'ee jedha, gammada'a!
5 Qajeelummaan teessan nama mara biratti ta
beekkante teetuu ti; Goottaan dhufiisa geyeera.
6 Maarre daadimataan, gaaffi'ii fi galataan
waan mara Waaqatti beessisa'a malee waan
tokkolle'eef hin yaadina'a.
7 Nageenni Waaqaa ka hubantii namaa mara
caalu, karaa Yesuus Kiristoosiitiin gadha'aa fi qal-
bii teessan hin eega.

8 Muummee irratti obboleeyyan tiyya! Qalbii
teessan waan dansa'aa fi waan galateeffachiisuun
guuta'a: waan dhugaa te'e, waan ulfinnaa, waan
sirrii te'e, waan qulluu te'e, waan gammachiisuu
fi waan galata qabu maraa yaadadha'a!
9 Waan na irraa barattane, waan na irraa fud-
hattane, waan na irraa dhageettanee fi waan ani

* **4:1** *Kallacha kiyya teetane:* Ta ani isiniin gammaduu fi boonu

hujuun dhaggitane maraa isinille tolcha'a! Waaqi abbaan nageyaa isin woliin hin jiraata.

### *Phawuloos Kennansa Ergameef Galateeffate*

10 Yennaa heddu'uun duuba ammalle naaf yaa-
datuu waan jalqaddaneef, ani Gootta'atti guddoo gammada. Duraanuu dhugumaan naaf yaadataa turtane; huji'iin mudhisiisaaf ammoo daguu hin dhagganne.
11 Kana jechuun kiyya ani gatameera jechu'uu
moti; ani, «Ka qabuu na geya» jechuu baradheera.
12 Ani waan diqqo'oo fi haga barbaachisuun
caalaalle horatiis maan akka te'e beeka; maarre ani dhossaa haala maraa fi addee maratti quufaa fi beelaan, haga naa barbaachisuun gadii fi haga naa barbaachisuun ol qabaatiisalle baradheera.
13 Hunna Kiristoos naaf kennuun waan mara
godhiisaaf hin dande'a.
14 Te'uu malee rakkinna kiyya waan qoodanta-
neef, dansaa gootaneertan.
15 Yennaa ani jalqaba Oduu Gammadaa lallabi-
isaaf Maqedooniya'aa baye, isin malee wolde'i kiristaanaa tokkolle kenniisaa fi fudhatiisaan na qarqaariisaaf akka hin hirmaatin, isin worri Fil-iphisiiyuusii hin beettan.
16 Yennaa ani Tasalonqeelle'etti rakkadhe, itti
deddeebitanee qarqaarsa naaf ergitaneertan.
17 Kenniisaan ittuma eebba akka dhaggattanuuf
malee, kennaa teessan dhaggatiisaaf barbaadeetii moti.
18 Waan naaf barbaachisuu fi haga naaf bar-
baachisuun caalaalle fudhadheera; kennaa isin

**4:15** 2 Qor. 11:9 **4:16** HuE. 17:1

naa ergitane harka Ephafrodixosii irraa fudhad-
hee naa mijootteerti; kennaan teessan tun, akka
ciincaa uddaa qabuu, ka Waaqi fudhatuutii fi itti
gammaduu ti.
19 Waaqi kiyyalle durummaa ulfinna ifiitiin,
karaa Yesuus Kiristoosiitiin, waan isiniif bar-
baachisu maraa isiniif hin mijeessa.
20 Waaqa Abbaa keennaaf ulfinni bara baraa
haga bara baraa te'u! Ameen.

### *Dhaansa Nageyaa*

21 Kolbaa Waaqaa maratti maqaa Yesuus Kiris-
toosiitiin nageya naaf hima'a; obboleeyyan asi na
woliin jirtulle nageya isiniif dhaanti.
22 Kolbaa Waaqaa mara, keessattuu worri mana
mootii worra Rooma'aa keessa jiru nageya isiniif
dhaama.
23 Badhaadhi Goottaa Yesuus Kiristoosii isin
woliin jiraatu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e